مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# The power of Education

*Jeremi Henzel-Tomas*

# Dandeettii Barnootaa

**Qopheessaan:**
*Jeremi Henzel-Tomas*

**Hiikaan:**
*Faawundeeshiinii Daar Al Fikri*

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2017 G.C

# The power of Education

*JEREMI HENZEL-TOMAS*

## DANDEETTII BARNOOTAA

## Qopheessaan:

*JEREMII HENZEL-TOOMAAS*

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

Finfinnee, Itiyoophiyaa 2018 **G.C**

**DF-E-TrBs-18/44**

**Seensa**

Pirojektiin 'dagaagina barnootaa hawaasota Muslimaatiif' jedhu kan uumame hubannaa rakkoolee fi dhiibbaalee yeroo har'aa barnoota mudataa jiran irraati. Walgahiiwwan jajjaboo booda, Siimpooziyeemiin guyyoota lamaa mata-duree "*Haaromsa Barnoota Ol-aanoo Hawaasota Muslimaa Keessatt*i" jedhu gaafa Mudde 9-19, 2013 Magaalaa Washiingtan keessatti, giddugala *Wilson* wajjiin qophaa'ee ture.Yeroo itti aanu, bara 2014 walgahiiwwan xiyyeeffataman Inistiitiyuutii Yaad-rimee Islaamaa Idil-Addunyaatiin biyya Ingiliiz Magaalaa Landanitti taa'amuun barruuleen qo'annoo lama Dr. Abdulwahaab Al-Afendii fi Dr. Jeremii Henzel-Toomasiin dhihaatan. Barruuleen kunniin booda bakka tokkotti deebifamanii maqaa "*Islaamessuurraa Gara Beekumsa Walitti Hidhuu: Barnoota Ol-Aanaa Keessatti Haaromsa Irra Deebi'anii Xiinxaluu*" jedhuun Pirofeessar Ziyaayuddiin Sardariin qophaa'an. Konfiransiin lammataa waa'ee "*Haaromsa Barnootaa Hawaasota Muslimaa Keessatt*i" Bitootessa 18-19, 2016 biyya Turkii keessatti, qopheessummaa Damee Barnoota Amantii, Yuuniversitii Istanbuuliifi MAHYA tiin qophaa'e. Gidduu bara 2015-2017tti, walgahiiwwan kallattii hedduun, magaalota akka Landan, Istanbuul, Konyaa, Washiingtan, Bruusils, Keep Taawonii fi bakkoota biroottis taa'aman.

Akka qaama barruulee maxxansa Pirojektii 'AEMS (Advancing Education in Muslim Societies)'tti ‚*Barnoota Ol-Aanaa Keessatti Haaromsa Irra Deebi'anii Xiinxaluu*n Profeesar Ziyaayuddiin Sardarii fi Jeremii Henzel-Toomasiin qophaa'e

bara 2017 maxxanfamuun maxxansi gabaabaanis bara 2018 itti aane.*The Post normal Times Reader,* barruun barnootarratti xiyyeeffatu, waltumsa giddugaloota ‘Postnormal Policy’ fi ‘Futures Studies’ jedhamaniin maxxanfamaa jira. Maxxansi biraa, ‘*Ijoolee Barsiisuu: Tooftaa Hamilee, Amantii fi Waliigala Guddina Barnootaatiif’* jedhu yeroo ammaa dhaabbata *Ann El-Moslimany* jedhamuun qophaa’aa jira.

Qor-qalbiin (sammuun) baratte humna guddaa qabdi, kanaaf mata-dureen barruu kanaa, ‘*Dandeettii Barnootaa*’ jedhame. Haalaa fi amalli barnoota kamiiyyuu barbaachisummaa isa barachuu daran caalu qabu; sammuma guddisuu qofaa miti. Barumsi qaama guddina hawaasaa ijaaruufi faaydaa egeree nama dhuunfaa, hawaasaa fi dhala namaatiif bu’uura kaa’u qaba. Sababa kanaaf akka irra deebi’anii yaadachiisaa walitti fufiinsa qabu, yaada burqisiisanii fi guddisan gocuudhaaf bakka barbaachisaa ta’eedha. [iii]

Wantoota kanniin barbaaduun Pirojektiin AEMS (Advancing Education in Muslim Societies) dagaagina sammuutiif gatii fi bakka guddaa kenna; Barnootas cal-jedhaniituma fudhachuu fi haaluma baratameen barachuurraa gara qabatama hojiirra oolmaa fooyya’iinsa nama dhuunfaafi dhala namaatti akka qajeelchuuf hojjata. Kana gochuun, dhimmoota barnootaa hedduu, keessattuu kaayoo barnootaa mataa isaa irratti jalqabuuti. Jalqabaaf, dhimmoota kamtu sonoota waliigalaa, amala, hamilee fi kabaja gara dagaagina meeshaa fi nama dhuunfaatiin dhufee kanatti dabalamuu danda’u kan jedhu ilaaluu dha. Yoo hin ta’in Barnoonni baratamu hunduu bu’a-qabeessa waan ta’eef jecha.

Barattootaaf kaayyoon ol'aanaan barnootaa maal akka ta'ee fi dinqisiifannaa isaaniif laachuun, akka isaan ilaalcha hamilee walii eegan itti guutuu fi wal-kabajaa, jaalalaa fi dirqama hawaasummaa ba'an isaan taasisa. Kun tarii amala irra deebiin xiinxaluu, yaada haarawa maddisiisuu, akkasumas beekumsa ammayyaa waliin hijii fi waljijjiirraa yaadaa safuu fi naamusa hawaasaatiin Walitti fiduun, qajeelfamoota inni jalatti hojjatu, jalamurteewwan fi maalummaa amantaa kan gaafatuudha.

Ilaalcha irra-keessaa fi sammuu dhiphootiin ala, Pirojektiin AEMS, heddumminaafi adda addummaa walitti hidhamiinsa hawaasa addunyaa ni fudhata; adeemsa beekumsaa masheenawaafi walfakkaataa ture isa bal'aafi hubannaa waa uumuu namaa kennuun bakka buusuun dhugaafi aadaawwan dacheerra jiranis akka hubatan taassisuudha.

Barruun kun jalqaba kan mul'ate ji'a Muddee-Gurraandhalaa bara 2015tti maxxansaa 14ffaa ta'ee Gaazexaa '*Critical Muslim*'jedhu mata-duree "Dandeettii" jedhuun ture. Yaadotaafi yaad-rimeewwan barruu keessa turan kan barreessichaa ta'anis, Pirojektii AEMSn walqabatees maxxanfamaara; waan barruu marii ta'uun qo'annoo dabalataatiifi dhimmoota walmormiitiif fayyaduuf jecha.

## Yaada Hiika Afaan Oromootiif

Ilmi namaa akka waliigalaatti nama guutuu ta'uuf nyaata gosa sadii barbaada: nyaata qaama dagaagsu; nyaata sammuu (qor-qalbii) dagaagsuufi nyaata hafuura (nabsee) dagaagsuudha. Midhaan qaama, barnoonni ammayyaa sammuu, barnoonni amantii ammoo nabsee soora, dagaagsa, gabbisa. Isaan sadeenuu ilma namaa irratti dandeettii addaa qabu. Nyaata madaalame nyaachuuf sadeenuu qabaachuu fessisa.

Ammaaf barnootuma waliigalaa irratti xiyyeeffachuun waa'ee kitaaba kanaa yemmuun dubbadhu kitaabichi hedduu barbaachisaafi barnoonni dandeettii sonoota waliigalaa, amala, hamileefi kabaja gara dagaagina meeshaafi nama dhuunfaatti geessu ta'eefi wanti barbaachisu barattootaaf jalqabuma kaayoo guddaa barnootaarratti argachuu qaban kennuufi; (sunis) ilaalcha hamilee walkabajuu, jaalalaafi itti gaafatama hawaasummaati. Dameelee barnootaa jiran irra deebiin xiinxaluu, haarawa uumuu, ammas beekumsaafi barruulee amma argaman itti galchuun safuu, amalaafi hamilee dhala namaa xiyyeeffannaa keessa galchuun, qajeelfamoota bu'uuraa kan ittiin hojjataniifi bu'uura ijaarsaafi dandeettii barnootatti fayyadamuun ofii dhala namaas fayyaduu buusuun barbaachisaadha.

Kitaabonni kunniin, gabaabinaan qophaa'uun, dubbisuuf salphaa ta'uun, barruuwwan gurguddoon maxxanfamanirraa of eeggannoon kan gulaalamaniifi dubbiftoota kakaasuufi gara kitaaba guutuu ykn jalqabaa akka deeman godhuuf fayyadu. Kitaabni "*Dandeettii Barnootaa"* Kun waliigala waa'ee:. Waa gaafachuufi dhimmoota waa'ee waan haaraa baruu, rakkoolee

hubannaan wal-qabatiin gaafiifi barnootaan deebii argachuu, beekumsa bal'ifachaa deemuu, barnoonni wanti hin jijjiirre akka hin jirre beekuun xiffeeffannaa itti kennanii daa'imman ijoollummama irraa maalummaafi dandeettii barnootaa akka beekaan deeman irratti hojjachuu feessisa kan jedhuudha. Kitaaba kanaa Afaan Ormootti hiikamuun Muslimoota biyoota adda addaa keessatti argaman keessa jiraataniifi afaan kana dubbatan kan miiliyoonaan lakkaawaman ni fayyada jedhamee yaadameeti; keesssattuu waa'ee dandeettii barnootaafi babal'achaa deemuu danda'uu isaafi barnoonni meeshaa lolaas ta'ee tolaa cimaa akka ta'eedha.

*Hiikaa kitaaba kanaa*

**Dandeettii Barnootaa**

## *SOQRAAXESII FI DANDEETTII WAA GAAFACHUU*

Yeroo barruu kana barreessaa turetti, wanti adda ta'e fuula jalqaba gaazexaa '*The Times'* irratti kan mul'ate yoo ta'u, wanti gabaasu god-hambaan Biriiteen, yeroo duraatiif Dhakaa Elgin (*Parthenon*) akka baafamee god-hambaa *Hermiteej* kan Pexersbargitti argamuuf ergifamu hayyame. Barruuleen qo'annoo fuulota itti aanan irratti bahan ammoo mul'isa waa'ee dinqii aartii ykn bobboca god-hambaa *Kateriin* Guddichaan bara 1764 uumee Raashiyaa haaromsa Auwurooppaa keessatti akka qooda fudhattu godhee fa'a. Garuu, yeroo sanitti galmi baay'ee mul'ata ykn maqaa qaba; sodaan waraana ololaa gidduu Kirimliinii fi warra Dhihaa guddachaa waan dhufeef. *Neil McGregor,* Daayirektarri god-hambaa Biriiten, hariiroon gidduu god-hambaalee yeroo raafamaa fi waldhibdee siyaasaa humna aadaa kan riqichoota ta'anii ummata walitti hidhuuf fayyadan akka ta'anitti amana.

Fakkiin waaqa fakkaatu kan Hermitaaj akka bakka bu'aa laga illisoos (River Ilissos), tokkoo laggeen dur Ateensi keessa yaa'aniitti yaadama. Achitti, akka Pilaatoon ibsutti "Soqraaxes Phaaydiruus wajjiin gaaddisa mukaa jala yaa'a lagaarratti waa'ee sona bareedumaafi hamilee jaalalaa mari'ataa ture". Akka Kanaan, "mariin sun jiddugala sonoota mariifi haawasaa kan gaafii beekumsaa fi bilisummaa siyaasaatiif godhamu kan har'aatiif bu'uura buusuun, furtuu sonootaa kan Ateenaa duriifi warra Awurooppaa gafii barbaaduuf mallattoo ta'e."

Amma, qabxii murteessaa *Mc Gregor* kan waa'ee waldhibdee yaada qulqulluu xiqqeessuufii miti. Faallaa san, akka jecha

bu'uuraatti fuudhamu fedha; kan isa keessatti waa'ee dandeettii barnootaa haasawu. Inumaayyuu, Soqraaxes kan ajjeefame waan, akka Pilaatoon jedhutti, 'balfa' mootummattii ta'eefi; kan cooraa namaa suukaneessu, kan tarsa'ee tortorutti jijjiiru. Barruu baniinsaa kan *Ziyaayuddiin Sardar* kan dhimma ammaa '*Critical Muslim' "Xiinxaltoota Bilisaa Sodaachisoo*" kan waanuma bilisummaa yaadaatiif jecha dhiibbaa godhanii fi yaada amansisaa, kallattii injifataaf mormaniif qofa sodaachisoo jedhaman yaadadheen ture.Wanti irratti ari'amee fi dhoowwame, kan nama gaddisiisu ture. Soqraaxes, Ateenonni bebbeekamoon beekumsaa fi qaroomina isaatiin gowwoomfamaa turuun, yakkoota isaa gurguddoo isaan jedhan keessaa tokko mormii falaasamaa, hawaasummaa fi sonootaan walqabaturratti akka waan inni gooftolii motummaa yeroo saniitti hin amaninii godhameeti.
Garuu yeroo hundaa wanti matatti qabatuu qabnu, Soqraaxes namuma of beeksisuufii haxxummaa fi cimina, ilaalchaa fi jijjiirama ofii isaatiin qofa boonuu miti; nama bilisummaa yaad-rimeetiin ka'ee yaada amantii ykn duudhaa faallessuun humnaan faallaa amantii fi ragaa isaanii mormuus miti. Inni har'a osoo nu wajjiin jiraatee, namuma mormii fi gaafiin ala caljedheetuma jilbiiffatuu fi waa'ee sonoota gaafii bilisaa, bilisummaa ofittummaa, meehsaaleyyummaa saayinsaawaa, ykn ammo bu'uurummaa, kallattii amantiitiinis ta'ee bilisummaatiin osoo hin gaafatin kan fudhatuu miti. Soqraaxes silaa jiraatee of jajuu nama dhuunfaa fi fedhii beekamummaaf fa'a keessa seenu osoo hin ta'in, akka gadi fageenyaan beekumsa hin qabnes himaa ture. Akka Sardar addeessetti "beekaan of gadi qabuun hangafa

dhugummaa waa hubachuu ni beeka.” Wanti beekamummaa Ateenotaa jeeqe tokko kallattii faallaa Soqraaxes fuula mul’ata ykn ajaja *Delphic oracle* ittiin dhufe. Eenyu akka Soqraaxes caala qaruutee ta’e gaafatamee, *oracle (odu-himaa ykn raagduu)* namuu hin turre jedhee deebise. Soqraaxes mataan isaa homa ta’ee ta’u beekumsa hedduu akka hin qabne amanus, kana akka faallaatti hiikuun hiibboo qoratuu (soba ta’uu mirkaneessuuf) itti fufe; Ateenota beekamoof gaafii qarummaa dhiheessuun. Wanti inni qo’ate namoota qaruutee ykn hayyoota jedhanii of ilaalan akka tasa akkas hin ta’inii fi, inni mataan isaatuu akka guutumatti qaruutee hin ta’in, faallaa san kan qaruutee ta’e eega wallaala ofii baree ykn beekee booda akka ta’eedha. Haala Kanaan, *Oracle*, akka inni eegasii hubatetti sirrii ture.

Barruun *Plato’s Apology* jedhu wanti ibsu Soqraaxes abbootii murtee 500 ta’an fuulduratti yaada isaa dhiheesse. Yaadni kun qabatamaan dhiifama gaafachuu miti, garuu akka *Russell Bosworth* jedhutti raggaasisa cimaa “gaarummaan jireenyaa kan fayyadu lubbuu ykn nabsee kunuunsuuf, qarummaa ykn haxxummaa fi dhugaaf amanamuudha” yaada jedhu addeessa.

*Thomas Merton,* Amantii Kiristaanaa keessatti namni yaada-qabeessi, rogeessi siyaasaa, mul’ata hawaasummaafi hayyuun barreeffamaa, gadi fageenyaan xiinxalee barreessuun, waan yaadnuufi beeknus haalaa fi amala keenya keessatti galchuu qabna ykn “ Gochaan ilma namaa guutumatti sammuun qofaa miti. Sababni isaa namni sammuu adda baate ykn kophaa jirtu qofaa mit. Hawwiin keenya waan yaadnu taanee jiraachuudha, sababnis waan beeknu taanee yoo hin jiraatin, gonkumaa isa hin beeknuuyyu” jedha.

Yoo gaalee "*Dandeettii barnootaa*" tana marsariitiirra (toora marsaa interneetii) barbaaddan, jalqabarratti bu'aa hanga walakkaa biiliyoonaatu walakkaa sakandiitii gaditti mul'ata. Kana keessaa kan marsariitii *Deutsche Welle* irratti barreeffame *"Barnoonni beekumsa argachuu caala. Inni namootni akka dhuunfatti guddatanii fi siyaasaanis kaka'umsa horatan godha. Kun ammoo fedhiiwwan bulchitootaa kan yeroo hedduutii miti"* jedha.Wanti inni dabalu barnoonni bu'uura mirga dhala namaa ta'uu fi humna cimaa dagaagina siyaasaa, dimokraasii fi haqa hawaasummaa, namoonni akka miidhaa isaanirra gahuu fi aangotti fayyadama gaggeessitootaa sirrii hin ta'in morman godhuufi kallattii walaba ta'een tajaajila barbaadan argatan godha.

Mataan dubbii asitti hariiroo guddina nama dhuunfaa fi ittisa abbootii humnaa jalaa bahuuf godhamu, akkasumas sochii bilisummaa fi haqa hawaasummaati. Qur'aanni akka ifa godhutti, cehumsi hawaasaafi addunyaan bal'aan kan qubatu hunda dura cehumsa nama dhuunfaarra.

إِنَّ ٱللَّهَ لَا يُغَيِّرُ مَا بِقَوۡمٍ حَتَّىٰ يُغَيِّرُواْ مَا بِأَنفُسِهِمۡ... ﴿١١﴾ سورة الرعد:11

"Rabbi dhimma namootaa hin jijjiiru hanga isaan waan irra jiran jijjiiranitti" (13:11).

Nabiyyiin Muhammad akkas jedhan jedhamee gabaafamee ture: "Nama mataa ofii beeketu Rabbii isaa beeka." Ammas, (gabaasa sirritti mirkanaa'een ta'uu baatus) qabsoon guddoon (*al-jihadal-akbar*), akka qabsoo mataa ofii irratti ta'uu qabduutti ibsan. Jechi Girikii durii 'Of Beeki' (*gnothi seauton)* jedhu barruulee fuul-dura manneen amantaafi Akaadamii Pilaatoo keessatti ammoo akka qajeelchaatti fayyadan keessaa tokko.

*Mertoon* ammoo of eeggannoo hammeenya rogeeyyummaa irratti yoo dabarsu of beekuuniifi jijjiirama cehumsaa kan nama dhuunfaatiin bu'uureffamuu qaba jedha." Warroonni namoota biroof waa hojjachuu ykn addunyaaf waa gumaachuu fedhan osoo hubanaafii beekumsa ofii gadi fageenyaan hin argatin, bilisummaa, alloogummaa fi dandeettii jaalalaas, namoota birootiif waan kennan homaa hin qaban.Wanti namoota birootiin walqunnamiin fedhii ofii, ol-aantummaa, hawwii ofittummaa, olola ykn soba waa'ee xumuraa fi addunyaa tanaa, yaada qajeelfama ilaalcha isaanii qofa.
Barbaacha marsariitii ykn toora marsaa interneetii irra ani godheen kan jalqabarratti arge dubbii Neelsan Mandeellaati: "Barnoonni meeshaa lolaa daran aango-qabeessa ykn jajjabaa kan ati addunyaa jijjiiruufi itti dhimma baatuudha." jedhe. Marsariitiin biraa sadarkaa kurnan duraa irratti mul'atan keessaa tokko wanti jabeessee dubbatu dandeettii ykn jabeenya barnootni qabu yoo ta'u, "Ilaalchi namni tokko addunyaaf qabu jijjiiramuunii fi akkataa namni tokko jireenya ofii ittiin jiraatu" ta'uu ibsa. Gara biraatiin, akkamitti "aangoon ykn jabeenyi cehumsaa kan barnoota guddaa waa cufa jijjiiruu danda'a" jedha.
Amma, ragaaleen nuti marsariitiilee (toora marsaa interneetiinn) irraa arganne mallattoo waraabbii keessa kan kaayaman yoo ta'u, yaada dura ittiin barreeffaman ykn qabiyyee duraa irraa xinnoo bahanii ibsamuu danda'u. Wanti tokko takka yoo intarneetii irraatti gadi dhiifame akkuma ergaa kitaaba qulqulluu balbal'atee tamsa'aa deema. Kun ammoo rakkoolee atattamaan barachuu (instant learning) keessaa tokkoodha; yeroo gabaabatti

beekumsa argachuun akka jirutti ta'ee. Ammas jechoonni beekamoon gariin irra deddeebiin marsariitiiwwan irratti tatamsa'uun abbichaaf of dhaaduu ykn ofitti amanuu qofa gumaachuu danda'u. Garuu yaadni salphaan daran barbaachisaa ta'e: barnoonni dandeettii nama dhuunfaa fi addunyaas jijjiiruu qaba kan jedhuudha. Hiddi Indoo-Awurooppaa *Poti* kan *potere (*danda'uu*)* uume, hundee jecha Ingiliffaa jabeenya, humna, dandeettii, irraa kan dhufe yoo ta'u, hundee jecha *patih (*master) ykn muummicha jedhus ni qabata. Mataa keenyarratti muummicha ykn too'attoota ta'uun namoota biroo akka tajaajillu nu dandeessisa.

Inni hangafaa fi hunda caalu, barnoonni irra filatamaan dandeettii waa qoratuu, beekuufi of jijjiiruu nuu kennuu qaba; jireenya namoota biroo ceesisuu danda'uuf. Jijjiiramaafi cehumsa ammas waan hin dhumannee fi imala gaafii banaa fi barnoota jireenya dheeraa kan hidda cimaa yeroo hundaa wanti haarofni baratamuutu irra jira jedhuun lafa qabateedha. Kun ammas dhugaa kan ta'u, kallattii hayyummaatiin qofa osoo hin ta'in, karaa amantiitiinis tarkaanfileen fudhataman hunduu gara hubannaa haqaa guddaatti, kallatttiiwwan haaraa, gara hundaan ifa bahanii yoo ta'an kun dandeettii Uumaa (Rabbii) guddaati. Qorannoowwan akkasii inumaayyuu amantii gadi fageenyaa (*yaqin*) jabaa nama kennan. Garuu, faallaa san, dhamaatiin sobumaan sammuu cufamtee fi hubannaa dhiphaan kitaaba cufame hordofuuf socho'uunis jira. Barruun amantii kan adeemsa barnootaa hin dhumanneen wal madaalu tokko barruulee Ibni-Arab keessatti kan addeeffame yoo ta'u, sadarkaa Rabbirraa saalfachuu (*hayra*) kan hulaa onnee ofii tooftaa walitti

ida’amiinsaatiin banuun of ibsuuti. Asirratti, inni wanti barreesse akka beekumsii fi hubannaan namni tokkoo ergaawwan Rabbi biraa dhufan beekuuf godhu ykn gochaawwan Rabbii addunyaa tanarratti walitti fufiinsaan waan haaraa addeessaa deemuun akka namni wanti kun xumura irratti dhaabbatu hin qabu jedhu taassisan. Qur’aanni wanti nutti himu:

وَلَوْ أَنَّمَا فِى ٱلْأَرْضِ مِن شَجَرَةٍ أَقْلَٰمٌ وَٱلْبَحْرُ يَمُدُّهُۥ مِنۢ بَعْدِهِۦ سَبْعَةُ أَبْحُرٍ مَّا نَفِدَتْ كَلِمَٰتُ ٱللَّهِ

﴿٢٧﴾ سورة لقمان :27

“Osoollee mukkeen dacheerra jiran hundi kobbeelee (pens), galaanonni ammoo qalama ta’anii, galaanonni torbanis itti dabalamanii, jechoonni Rabbii hin dhumatu…” (31:27).

Ammas waa’ee itti fufiinsa argama waan haaraa ilaalchisee walfakkeenya gar-tokkee duudhaalee sanduuqa Chaayinaa, sanyii warra *Mootummaa Soong* durii keessatti arguu dandeenya; kan sanduuqonni xixiqqoon isaan gurguddoo keessa kaayaman. Sanduuqqan kana keessaa inni dhumaa fi xinnaa ta’e firii ruuzaa takka keessa keessisa. Amma, karaa hedduun sanduuqa xinnoo bakkaa fi meeshaa barbaachisu san qofa qabattu barbaadan. Garuu, madaala biraa fudhachuuf, firii ruuzaa takkittii san tan qabee dhumaa keessa jirtu gara daran xinneessuutti gadi deemuun waan bicuu, bu’uuraa qabxii boca hin qabne, kan ishii irraa sanduuqonni babal’oon uumaman argina. Haa ta’u malee, wanti kun booda bakka guddataa dhufee itti dhaabbatu hin qabaatu. Barnoonni dandeettii itti fufiinsaan waa gaafachuu fi barachuutti qajeelchuu qaba. Kana daran, sammuu (qor-qalbii) fi onnee keenyaaf hundeewwan beekumsaa bal’aafi dandeettii dhuma malee burqu namaa bana.

## GUUTUMMAA, CICCITAA FI JIJJIIRAMA (CEHUMSA) DHUUNFAA

Qorataan fiiziksii *David Bohm*, kan Inistaayin akka dursaa isaatti ilaalu, waan 'tartiiba walqabatu' jedhee barreesse keessatti guutummaan waan jalaan jiru kan hin qoodamne kan bocni qabatamaa walitti fufiinsaan banamuu fi cufamu, kan akka "qaama hawaa kamuu qaama biraa kamuu waliin hariiroo qaba" jedhuudha. Kun mul'ata *William Blake* kan "qaama biyyee keessaan addunyaa ilaaluu"jedhu yoo ta'u kunis jechuma bareechanii dubbatan qofaa miti.Tokkummaa fi walitti hidhamiinsi waan hundaa ammas handhuura abuurraalee (discoveries) *John Stewart Bell* ta'uu isaati.Wanti inni mul'ise qaamni xinnaan hawaa keessaa kamuu bakka qubsumaa qaama xinnaa birootiif qaba; sababnis isaan hunduu jalqaba 'baal-tokkeedhaan' walitti hidhamanii waan turaniifi. Adda addummaan bocaa kan dhuma hin qabnee fi jijjiiramni walitti fufiinsa qabu garuu hundee hin jijjiiramne kan waan hundaaf bu'uura ta'ee fi ka'umsaa fi gahumsa keenyaatis. Qur'aanni:

وَمِن كُلِّ شَيْءٍ خَلَقْنَا زَوْجَيْنِ لَعَلَّكُمْ تَذَكَّرُونَ ﴿٤٩﴾ سورة الذاريات: 49

"Nuti waan kamiyyuu cimdii goonee uumne" (51:49)

jedhee nutti hima; garuu heddumina keessa tokkummaatu jira.

*Bohm* akka akeeketti rakkoolee jajjaboo adda ciccitiinsa boca yaad-rimee keenyaatiin sababa ta'ee tokkummaafii walitti hidhamiinsa ilaaluu irraanfate. Kun walitti bu'iinsa hiika hin qabneefi jeeqama akkasumas gaga'amoota akaakuu adda addaa: hawaasummaa, siyaasa, diinagdee, naannoo, xiin-sammuu nama dhuunfaa fi akka waliigalaatti hawaasaatiin wal qabata. Wanti

jiru tokko, gaabbii fi booyichi adda bahiinsaa kan *Bohm* ibse kan dabale eega bara 1980 keessa kitaabni kun maxxanfamee booda. *Bohm* tasa dhimma walitti bu'iinsa amantiis akkasumas babal'achuu mallattoo waldanda'uu dhabuu ykn wal sodaachuullee (xenophobia) galchuu qaba ture. Har'a addunyaa keessatti fagoo ilaaluun nu hin barbaachisu; dadhabiinsaa fi hammaachaa dhufuu nama kutaan adda baasuu, gosaan qooduu, naannummaanii fi eenyummaa siyaasa dhiphaatiin hubamuu, barruulee ergaa Rabbii qixa sirrii hin taaneen hiikuu fi sonoota aadaa, amalaa, amantii, sabboonummaa ykn ol-aantummaa qaroomaaf tattaafachuun, Bahaanis ta'ee Dhihaan bal'inaan mul'ata. Tokkummaan heddumina keessaa tokko tahuu miti. Ol aantummaa caccabsuun garaagarummaan yaadaa akka jirutti ta'ee waan irratti walii galanirratti waliin hojjachuu jechuudha.

Ibni Kalduun jecha gosummaa (*asabiyyah*) jedhu kana kallattii lamaan itti fayyadame. Karaa waldanda'uu hawaasaa, tumsaatii fi faallan ammoo dhiphummaa fi fedhii gosummaa akkasumas naannummaa calaqqisiisa. Hariirooniifi gochaan Nabiyyiin ol-aantummaa durii balleessuuf godhan akka addeessutti Islaamummaan wallaalummaa (*jahiliyyah*) kan balaaleffatuu fi dhalli namaa cuftuu akka Adam irraa argameefi walqixa ta'eedha. Qur'aana keessatti wanti gorfamnuun :

يَـٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ إِنَّا خَلَقۡنَـٰكُم مِّن ذَكَرٍ وَأُنثَىٰ وَجَعَلۡنَـٰكُمۡ شُعُوبًا وَقَبَآئِلَ لِتَعَارَفُوٓاْۚ إِنَّ أَكۡرَمَكُمۡ عِندَ ٱللَّهِ أَتۡقَىٰكُمۡ .

سورة لحجرات :13

(49:13) eenyuyyuu isa kan biraa hin caalu sodaa Rabbii kan of eeggannoofi hojii gaarii hojjachuutti nu kakaasuun malee. Keewwanni tun guutumatti gosummaa, naannummaafi dhiphummaa balaaleffatti, akkuma Nabiyyiin Muhammad

akkana jechuun addeessan: “Nurraayii miti namni gosummaaf dhaabbatu; nurraayii miti namni gosummaaf lolu; nurraayii miti namni gosummaaf jecha du’e.” yemmuu ‘gosummaaf jecha’ jechuun maal akka ta’e gaafataman akkana jechuun deebisan: “Ummata kee karaa haqa hin ta’iniin gargaaruu’’. Gosummaa balaaleffachuun yeroma Nabiyyii duraa (*hilf-al-fudul*), yeroo Muhammad ijoolee, gaggeessitoonniifi miseensonni gosaa nama ykn gosa miidhamte tumsuu, cinaa dhaabbachuutti, gosuma kamuu haa ta’uu ykn waliigaltee kamuu haa qabaatanii, jedhanii walii galan. Nabiyyiin tooftaa kana mirkaneessuun waan sonoota Islaamummaa faallessu keessatti hin arginiif, qajeelfamoota haqaa, hamilee fi nageenya hawaasumaa kan hawaassa, amantaa fi yaada walabaa kamiifuu fayyaduu dha jedhanii fudhatan.

Barnoonni adda cicciituu balleessuun, waldhibdeelee furee, hiika eenyummaa dhiphaa ta’e achi bal’isa.

## DAANGAA BABAL’INA BEEKUMSA ILMA NAMAA

Nan yaadadha yeroo mucaan waggaa kudha lamaa teeleskoppii inchii sadii mana kitaaba ummataa naannoo kiyyaarraa ergifatee samii halkanii suuraa harkaa kaasuuf ji’a jaha itti fudhate. Hojii guddaa ani mataan koo akka dogongora hin raawwanneef hojjadhetti maatiin koo gammachuu akka qaban nan amana. Nan yaadadha yeroo pilaanetiin Saatarnii mul’atte akka itti dinqisiifadhe; qubeela sadan ishii meeshaa *amateur* jedhamuun yeroon ilaale sani. Mul’iftuun ykn teeleskoppiin gurguddaan garuu qubeela saddeet mul’isa; inni babali’aan hawaa *Cassini*

jedhamu amma gara qubeela 30 fi hulaa jidduu isaaniis mul’isa. Baay’inni qubeela waliigalaa hin beekamuuyyu.

Akka abuurraan qubeelaawwan haaraa mul’isutti, beekumsi namaa dagaagaa fi babal’ataa deemuun gara sona hedduminaa kan hin tilmaamamnee fi, aadaawwan qaxxaammura waljijjiiruutti kan cehuudha. Ahmad Musxafaa fi *Steefan Sperl* barruu isaanii amma *magnum opus* irratti maxxansaniin waa’ee jii’oomeetrii kabajamaa fi saayinsii hojii barruu harkaa Arabaarraatti akka addeessanitti, eega Nabiyyiin boqatanii jaarraa (jabana) sadiin booda kan barruun walqixxataan Dursaa Abbaasiyyootaa Ibni Muqlaafi barruun guddichi Ibni al-Bawwaab ammoo jaarraa 10ffaa keessa Bagdaaditti hojjataman. Sababni isaas daangaa beekumsaa aadaa Islaamaa keessa ture babal’ataa, kanneen biroos hammataa (aadaa, qaroomaafi sonoota gaggaarii biroo) dabalataa deeme. Kaka’umsi akkanaa kun keewwata Qur’aanaa keessatti:

سَنُرِيهِمْ ءَايَـٰتِنَا فِى ٱلْـَٔافَاقِ وَفِىٓ أَنفُسِهِمْ حَتَّىٰ يَتَبَيَّنَ لَهُمْ أَنَّهُ ٱلْحَقُّ .سورة الشورى :53

“Mallattoolee keenya addunyaa irratti kallattiiwwan garagaraatiin isaanitti mul’ifna; labbuu isaanii keessattis, ergaan nuti buufne hundi dhugaa ta’uu akka isaanii ifa ta’uuf jecha” (41:53)

jedha. Asitti, akka an hubadhutti, jechi moggaa (*aafaaq*) jedhu wanti ibsu babal’inaa fi bilchina qaroo ykn qor-qalbii namaati; gara beekumsa adda addaa, ragaan ykn bu’uurri isaa bakkuma fedhee ta’us. Keewwanni jalqabaa kan Qur’aanarraa buufamte waa dubbisuutti nu kakaafti:

ٱقۡرَأۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلَّذِي خَلَقَ ﴿١﴾ خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ مِنۡ عَلَقٍ ﴿٢﴾ ٱقۡرَأۡ وَرَبُّكَ ٱلۡأَكۡرَمُ ﴿٣﴾ ٱلَّذِي عَلَّمَ بِٱلۡقَلَمِ ﴿٤﴾ عَلَّمَ ٱلۡإِنسَٰنَ

مَا لَمۡ يَعۡلَمۡ ﴿٥﴾ سورة العلق:1-5

"Dubbisi, maqaa Rabbii kee kan si uumeetiin; kan ilma namaa qalamaan barsiise; kan nama waan inni hin beekne barsiise!"(96:3-5).

Muhammad Asad akka ibsetti qalama jechuun mallattoo ykn bakka bu'aa beekumsa waan barreeffamu cufaan waraabbamuu fi dandeettii addaa namaa kan beekumsa sana barruun, waraabbiin, yaadaan, muxannoowwanii fi ilaalchota dhuunfaa dhuunfatti, dhalootaa dhalootattiifi naannoo aadaa tokkoo gara naannoo biraatti daddabarsuuti.

Ammas wanti ifa nuuf ta'uu qabu, waljijjiirraan aadaa adeemsa karaa hedduun hojjatuudha.Osoo qaroomni Islaamaa falaasama, amalaa fi jii'oomeetirii Girikiif hedduu dirqamee, silaa qaroomni warra Dhihaa waan Muhammad Asad addeesse kana "kaka'umsaafi beekumsa"kan Qur'anni itti ajaju ykn "jaarraa ajaa'ibaa kan barumsaa fi qorannoo saayinsii kan addunyaa Muslimaa ol fageenya cimina aadaa irra kaa'e" ni fudhatu ture. Waan nama ajaa'ibu barruuleen hedduun warra Dhihaa loogii ofittummaan yemmuu aadaa fi gumaacha warroonni biroo qarooma isaanii dagaagsuuf godhan akka hin jirreetti barreessan ni mul'atu.

Akka Asad ibsetti, Qur'aanni argama aadaa 'bilisummaa gaafii walabaa fi beekumsaa' kan karaa adda addaatiin sammuu giddugala Awurooppaatti seenee aadaa warra Dhihaattis mormii kaaseef bu'uura ta'e; waan lammata dhalachuu (Renaissance)

jennee waamnu kana jechuudha. Kun adeemsa keessa dhalachuu bara saayinsiitiif (bara amma keessa jirru) sababa guddaa ta'e. Nan yaadadha, yeroo hojjattooni *Sebastia* Qur'aana haqaanii Ziyaayuddiin gaazexaa *The Guardian* irratti deebii itti kenne. Isaan akki itti ibsan Qur'aanni 'waan nama sodaachisu, kan ilmi namaa hubachuu hin dandeenye, kallattii tokko qofarratti kan xiyyeeffatu, kitaaba gaddisiisaa, kan mala gaariitti hin qajeelchinee fi kkf jedhaniiti. Akka Sardar addeessetti ammoo, yoo haalli sun dhugaa ta'e, 'akkamitti Qur'aanni warra amanan akka saayinsiifi barumsa qo'atan, sababaa fi tooftaa garagaraa baafatan, yuuniversitiilee fi manneen yaalaa qo'annoon tumsaniifi gaafilee falaasamaa uuman ykn ijaaran kakaasa ykn yaama?

Barnoonni dandeetii beekumsa dhala namaa dinqiisiifatuufi galteewwan beekumsaa fi gumaata isaan guddina qarooma namaatiif kennanis jajjabeessuu qaba.

## OL-AANTUMMAA RABBIITIIF IFTOOMUU

Dhiibbaan namoonni sochiiwwan garagaraa godhuun hiika Qur'aanaa irratti ka'an ni jiraatu. Qaroomni inni itti qajeelchu dhugaan buluu of keessatti qabata; sadarkaa irra ol-aanatti beekumsa Rabbii, kan beekumsi, sonni, qulqullinni, amallii fi haalli kamuu waliin hin madaalamne; kun mataan isaa ol-aantummaa Isaa mul'isa.

Kana mataa keessatti qabachuun, waan *Poop Fraansiis* Hagayya 25 bara 2014 paarlaamaa Awroopaatiif dubbate kaasuun barbaachisaa miti. Jecha Raafaa'el beekamaa "Damee Barnootaa

Ateenotaa" kan Vaatikaan keessa jiru irraa dubbate. Pilaatoo fi Aristootil giddugala san keessa jiru. " Qubni Pilaatoo", jedhe "ol garagalee jira, gara addunyaa yaadotaatti, gara samiitti, gara Waaqaatti jechuu dandeenya. Aristootil harki isaa lamaan isa (Pilaatoo) duubaan achi bal'iseera; gara nama isa laaluutti, gara addunyaatti, gara dhugaa ifa jirutti." (Fakkii ajaa'ibaa akkamiiti, jedheetan yaade, jechi Nabiyyii Muhammad: "Ani cinaa ykn roga lama qaba, tokko kan addunyaatti fuulleffadhuun, kaan gara Rabbii). Pontif (namni biroo) wanti itti dabalee jedhe, fakkiin Awrooppaa fi seenaan ishees tapha gidduu samii fi dachee dhaabbataarraa uumamte; samiin Rabbiif iftoomuu dubbatte (waan yeroo hunda akka ummata Awrooppaatti fudhatamu), dacheen ammoo dandeettii qabatamaa fi sirrii Awrooppaan haalotaafi rakkoolee dhufan qolachuu gootu mul'isa jedha."
Akka goolabni isaa mul'ata-qabeessa ta'e yoo laalle hegereen Awrooppaa deebi'ee bayyanachuuf hariiroo wantoota lameen kanneenii irratti hundaa'a. Awurooppaan kallaattii jireenyaa keessatti ol-aantummaa Rabbiitiif bultuu hin taane, Awrooppaa lubbuu ofii fi nabsee namoomaa dhiisaa ykn dhabaa deemaa jirtuudha.

Jechi Girikii durii ilma namaa (*anthropos*) hiika jalqabaa kan 'isa/ishee gara samii ol ilaalu/ilaaltu' jedhu qabaatuu danda'a. Buusaan ol qajeeluu keenyaa mul'ata ol qajeelaa, hawwii ol fagoo, kan dacheerraa samiiwwan gahuu fi bulchiinsota lameen gidduu nu dhaaba. Nuti of keessatti, uumama keenya ganamaa keessatti, kompaasii (*furqan*) gara bu'uura keenyaa nu qajeelchu qabna. Dhakaa tuttuquun gara nuti nama guutuu taanutti nu

geessu.Yoo akka jecha *Pop Pontiff* ta'e, namni hunduu dalagaa hundee jecha, *pontifex* (dildila hojjataa ykn giddu-deemaa), nama gidduu Rabbiifi namaa deemu ta'a jechuudha.

Barnoonni dandeettii samii keessa ittiin gahanii, samiifi dachee, Rabbii Ol-aanaa abadan jiraatutti gahuu (kenna isaa argachuu), jaalala Rabbii fi waan fuula dacheerra jiran jaalachuu namaa kennuu qaba.

## HEDDUMINAA FI WALIIGAHIINSA SI'ATAA

Hedduun keewwata muraasa seenaa kitaaba qulqulluu kan waa'ee gamoo Baabil (Baabilooyinaa) boqonnaa uumama (11:1-9) fi gariin keenya warri itti fayyadama hiika jecha 'Baabil' hin beeknes walitti qabama sagaleewwan namaa hin gallee kan addeessu ta'uu isaati. Akka ibsa boqonnaa kanaatti Gamoon Baabil kan dhaabbate hordoftoota Nabi Nuuhiitiin (Noah) tattaaffii Samii irra ol bahuuf godhaniin. Akka adaba jallina isaaniitti, Rabbiin warri ijaaru akka dubbii walii hin hubanne godhe. Kanaafuu, addaan ciccitiinsi dubbii namaa afaan garagaraa addunyaa tanaa, akkasumas babal'atiinsa sanyii namaa dacheerraatiif sababa ta'e jedhu.

Qur'aanni garuu, yaada adda addummaan afaanii adaba Rabbii kan ilma namaarratti ba'aa ta'e jedhu kana hin fudhatu ykn hin tumsu. Faallaa san, tokkummaa heddumina keessaatti ajaja; kanas aadaan, afaanii fi saalaan qofa osoo hin ta'in, amantiinis. Heddumina jechuun, salphamatti, dhimma uumamaati, amala bu'uura uumama dhala namaa hundaati. Akka Muhammad Ayyuub dubbatetti, adda addummaan namaa "sababa

qoqqoodama yaada ykn bulchiinsa hawaasa namaatiinii miti; sababa dhabamiinsa seera ykn qajeelcha uumamaa ykn wal-hubannaa ilma namaatiinis miti. Sanirra, adda addummaan amantii amala dhala namaarratti mul'atuudha; Sababa adda addummaa aadaawwanii, afaanotaa, saalaa fi naannoowwan garagaraa ti." "Ergaan Rabbi buuse", akka *Raabii Abrahaam Heschel* barreessetti, "dandeettii namaatiin kan wal simatuudha. Sammuuwwan lama wal hin fakkatan, akkuma fuulli lamas wal hin fakkaanne. Sagaleen Rabbii karaa hedduun haafura ykn lubbuu namaa bira geessi, afaanota hedduun. Dhugaan takka karaa hubannaa qixa hedduutiin ibsamuu danda'a." Ammas, *Naansii Kiliinee* ifatti akka ibsitetti "adda addummaan qarooma garee guddisa ykn ol kaasa. Tokkummaan ammoo kana diduu mul'isa."

Qorannoon ammayyaa akka mul'isutti sababni tokko kan Niyaandartaals lafarraa badeef waliingahiinsa ergaatu dhabame. Sammuun Niyaandartaals mul'ataafi toowannaa qaamaarratti yoo xiyyeeffatu, namni ammayyaa ammoo dandeettii sammuu caalaa waan walxaxaa hojjachuu, caasaa hawaasummaa babal'isuu (leecalloo ykn qabeenya hanqina qabu sonaan fayyadamuuf) fi afaan daran xaxaa kanaaf barbaachisu kenname.

Keewwanni Qur'aanaa kan hedduminatti ajaju hedduu beekamaadha; garuu baay'ee irra hin deebine:

وَجَعَلْنَٰكُمْ شُعُوبًا وَقَبَآئِلَ لِتَعَارَفُوٓا۟ ۚ إِنَّ أَكْرَمَكُمْ عِندَ ٱللَّهِ أَتْقَىٰكُمْ. سورة لحجرات: 13

"Nuti ummattootaafi gosoota isin goone; akka wal beektaniif jecha"(49:13).

Rabbi osoo fedhee silaa isin hundaa ummata (hawaasa) tokko godhaa ture, garuu (wanti Inni hin fedhiniif) isin qoratuuf…” Qur’aanni adda addummaa arrabaa ykn afaanii fi bifaa kan ilma namaa nutti hima;

وَلَوْ شَآءَ ٱللَّهُ لَجَعَلَكُمْ أُمَّةً وَٰحِدَةً وَلَٰكِن لِّيَبْلُوَكُمْ فِي مَآ ءَاتَىٰكُمْ : سورة المائدة: 48

mallatoo namoonni ittiin wal beekan godhee (30:22). Akka Muhammad Asad ibsutti keewwattoonni biroo kanneen kana tumsan, akka jecha isaatti “adda addummaan hin dhaabbanne yaadotaa fi ilaalchota namootaa waan tasa ta’ee miti; fedhii Rabbii addeessa, dhimma bu’uuraa kan argama ilma namaa”.Nabiyyiin Muhammad akkana jechuun gabaafame: “garaagarummaan ummata kiyyaa rahmata (hiree gaarii dha)”.
Wanti barbaachisu gidduu heddumina adeemsa dammaqina barumsaatii fi dhiibbaa dadhabinaa waldanda’uuti. Omiid Saafii wanti nu yaadachiisu jecha ‘waldanda’uu’ jettu tana rakkoo bu’uuraa kan qabdu ta’uu ishiitii fi hammam waldanda’uun akka barbaachisu (fakkeenyaaf qaamni dhibee kan danda’u hamma seelonni dhumatanitti ykn hamma dhiita’ee dhoohutti) jechuu moo akkami kan jedhurratti. Akka *Diyaanaa Eek* mormutti, hedduminni baay’innuma jechuu miti, qaama adda bahe kan kophaa kophaa jiraatu jechuudha. Dubbii ifaatiin akka isheen jettutti hedduminni ‘mallattoo adda addummaati, meeshaa firoomaatii miti’. Ammas hedduminni waan tasuma ol ka’anii fedhiin uumanii fi murannaan ykn fakkeessaniituma ykn bu’aa waliiniitiif ijaaranii miti. Kun adeemsa dhugaa kan jijjiiramaa fi cehumsaa kan tasuma wal hubatuufi wal danda’uu caaluufi sadarkaa haaraa of hubatuutti geessuudha.

Walitti dhufeenya guddisuun handhuura walqunnamtiiti. Karaa hariiroo ittiin dagaagsan keessaa tokko dandeettii barnoota waliigalaa fi madaalawaa ta'een hariiroo uumuu fi itti fufsiisuuti; kan aartii fi dhala namaatiif bakka gahaa kennu. Kun keessattuu ilaalcha adeemsaan namoota sirna barnoota muummeewwan barnootaa fayyadamuun adda baasuu isaanii keessatti (progressive marginalization) barbaachisaadha. Sirnoota barnootaa hawaasa Muslimaa keessatti sadarkaalee hundattuu irraan dabriinsi ykn tuffiin akkasii bal'inaan mul'ata.

Barnoonni qo'annoo waa'ee namoomaatiin dagaage muxannoowwan waa uumuu fi murteessoo qofaa miti kan dagaagsu, gaafachuu, qorannoo sammuu banaa fi muxannoowwan walqunnamtii kan marii fi mormiin carraa argametti fayyadamuun aartii waa uumuu, xiinxaluu, kaka'umsaa fi hariiroo qor-qalbii, sirna-miirawaa hedduu kan waa abuuruufi barbaaduuf oolu, keessattu bareedinaa fi guddina boca uumamaa, qo'annoolee seenaa, jii'oogiraafii, afaanotaa, barreeffamaa fi saayinsiilee hawaasaatiin haala ilma namaa hubachuu, ilaalcha onnee banaanii fi jaalalaatiin sonootaafi safuuwwan adda addummaa fi waljijjiirraa aadaa, ijaarsa amala, haala, sonootaa nama dhuunfaafi gamtaaf, hariiroo tolchuu, lammummaa gaarii uumuuf, barmaatilee daldalaatiif, gargaarsa namoomaatiif, kunuunsa naannootiif (kan amma dhimma cufa keenyaa ta'e) ittiin tajaajiluu fi tajaajilamuuf nama gargaara. Barnoonni dandeettii hariiroo uumuufi kan biroos beekuun of guddisuun fi jijjiiruuf nu fayyada.

## MALA QINDEESSA ABBAA IRRUMMAA SIRNA BARNOOTAA

Barbaachisummaa dhimmoota akka hedduminaa, adda addummaa, waljijjiirraa aadaa, hariiroo fi babal'achuu beekumsaa irratti xiyyeeffannaa cimaa godhee ture; sababnis gidduu haasawa, barumsa, mariiwwan, dubbiiwwanii, waljijjiirraa yaadaatii fi dandeettii adeemsa barnoota ceessisuu fi babal'isuu hariiroo jabatu jira. Sunis, barnoonni dandeettii mataa ofii, hawaasaa fi addunyaa jijjiiruu qaba jechuudha. Sirna barnoota warra Dhihaa kan xiin-sammuu guddinaa keessatti, *Karl Riegel* dandeettii waan wal faallessu, wal mormisiisu, mormii sirrii fudhachuu akka sadarkaa guddaa guddina waa hubachuutti kan mul'isu yoo ta'u, *James Fowler* ammoo garaa garummaa afaanitu amantii uume ykn argamsiise jedha. Garuu, yaadni adda addummaa afaanii hariiroo uumuu ykn uumuu dhabuu hin mul'isu; walitti bu'iinsa hamaa dhumarratti ture gara of danda'uu fi sammuu bal'inaan of eeggannoo faallaa, sodaa jijjiiramaa, tasgabbii dhabuu, nuffuu fi wanta miira nama dhuunfaa tuqu kamiyyuu irraa fagaachuun dhufa.

Kanaafuu, manneen barnootaa keenya keessatti aadaan haasawuu ni jiraa? *Roland Barth* tilmaama *John Goodlad* fi kan biroos akka gabaasetti, manneen barnoota Ameerikaa keessatti barnoota golatti kennamu keessaa saa'atiin harki 85 haasawa barsiisotaatiin, dhageeffannaa barattootaatiin, takka takka ammoo walmarii barsiisaan qajeelfamuun dhumata.Wanti abdatamu tokko haaluma walfakkaatuun haasofni barsiisaa manneen barnootaa Biriiten keessatti, garri caalu gara xiinxala

murteessaa fi yaada gaarii dagaagsuutti xiyyeeffata. Gara biraatiin, akka haqaatti, qorannoon bal'aan godhame akka addeessutti, manneen barnoota sadarkaa lammaffaa Ingiliizii keessatti barsiisota harka kudhanii gadiitu waa'ee muxannoo xiinxala yaadaa guddaa irratti xiyyeeffata. Hedduun isaa (haasawaa) waa'ema toowannaa fi hooggansaa keessattuu tartiibaa fi qajeelfamoota eegsisuufi malee ergaa haqaa fi odeeffannoo sirrii dabarsurratti hedduu hin xiyyeeffatu. Gaafileen barattootatti kennaman hedduun kanneenuma deebii sirrii haala gaafatameen deebisanii dha; mariifi yaadaaf karaa hin bananiif. Abbaa-irrummama sirna barnootaa kan gamaaggamaa fi sirna barnootaa qofa hordofan.

Adeemsi barnootaa haala nama gaddisiisuun barsiisaa giddu-galeessa godhatuun daddabarsa oduurratti xiyyeeffata (akka hayyuun barnootaa *Roland Barth* waamutti "Sit 'n Git") namoota hunda kan kakaasu fi guddisuunii miti. Jecha barnoota Islaamaa keessatti, xiyyeeffannaa ajajaafi leenjii qor-qalbii fi daddabarsa beekumsaa kan waa'ee barsiisaa giddu galeessa godhate (*ta'alim*) kun guddina waliigalaatiin hordofamuu (*tarbiyah*) qaba. Barsiisaa gaarii jechuun kan beekumsuma dabarsu qofaa miti, guddisaadhas, kan lubbuu fi haalaa amalaas namaa guddisu.

Amma fedhii qajeelfamoota waliigalaa kan hooggansa kallattiitiin ture dadhabsiisuun barnoota qabatamaa mufii ykn komii maamilaa hir'isuuf fayyaduu fi meeshaaleyyummaa, kufaatii diinagdeefi faalama naannoof gargaaru baasuun hojiirra oolchuutu mul'ata. Sirni barnootaa abbaa irree kun mormii

heddu (kan John Taylor Gatto) dabalatee, tilmaamaa fi ijaarsa sirna barnoota ammayyaa Ameerikaa irratti, keessummeesseera. Akka Gottoon saaxiletti, imaammata barnootaa Ingiliiz keessatti, ajandaaleen barnoota qabatamaa kan ijoollee maashina diinagdeetti jijjiiru (ijoolee maxxantuu, meeshamarratti irkatan, xiinxala hin qabne) kanneen waa uumuu, xiinxala, ofitti amanuu, gaafii uumuufi yaada kennuu, kophaa jiraachuu fa'a hin qabaatan. *Neil Postman* illee, gorsaan beekamaan Ameerikaa, karaa barnoonni har'aa 'waaqa sobaati' jedha; barnoota guddina diinagdee fi fayyadamummaa ittiin beeksisan kana ni balaaleffata.

Dandeettii barnootaa irra cimaa keessaa tokko ajaja ykn olola kamuu ofirraa deebisuu danda'uudha. Fakkeenya oduu himuu tokko isinii haa himuu. Gabaasni Caffee Hayyoota Barnoota Amantii akka mul'isutti barattoota manneen barnoota sadarkaa lammaffaa keessaa warroota waggaa 11 hanga 18 qofatu barnoota amantii fedha; jireenya ofii keessatti barnoota amantii irraa fayyadamuu hubatan (akka waan dansaatti ilaalu. Harka afur keessa tokko ammoo faallaa dha. Gaabasichi ammas wanti fakkeenya godhu yaada barattootaa kan barnoonni amantii yaada ofii ibsachuuf, muxannoowwan walqunnamtii, beekumsa amantii biraa argchuuf, kaka'umsa aadaafi miirawaa, muxannoowwan gaafii falaasamaa fi deebii kennuu fi kaayyoo fi hiika jireenyaa beekuuf jedhanii amananiidha. Sirna barnoota isaanii kan ammaa keessatti yaada kana hubachuuf carraawwan muraasatu jiru. Ragaan jiru qajeelchaa fi barumsa amantii, akka waan ba'aa ykn fe'aa ta'ee godhanii callisaniituma yaadaan mormuu isaanii mataan isaa ni faalleessa. Kanaan wal qabatee

Pirofeesar *A. C. Giraayliingii* barumsa amantii akka: "miidhaa barumsaa'' manneen barnoota amantii ammoo akka: "man'ee raagduu'' jedhee ibse. Ajajaa fi yaada marii dhabuun manneen amantii muraasa keessatti adeemsuma barnootaa ibsus, san akka hanqina manneen amantii hundaatti ol guddisuun qajeelcha dogongoraati. Akkasitti walitti qabuun ragaa dinqisiisaa jiru kan xiinxalaa fi of danda'utti akeeku ilaaluu dhabuu qofaa miti, dargaggoota fedhii bilisaa hordofuun barnoota amantii baratanis kabajuu dhabuudha.

Dhimma ajajaa ykn barnootaa amantii waliin wal-qabsiisuun sammuuwwan garii keessatti akka maashinaatti ykn foormulaatti waan qaban gadi dhiisuu baatanis, wanti hubachuu qabnu barnootumman amantii sunuu hamma takkallee ta'u, sirna barnoota bilisaa (secular) of keessaa qaba. Kitaaba *The Golden Notebook* keessatti, *Dooris Lesiingii* akka barreessetti: "Nuti hanga ammaa sirna barnootaa kan sirna ajajaa hin qabne hin uumne (baafne)…warroonni ofittummaa fi kophummaan isaan biroo caaltan baatanii karaa ittiin of barsiiftan barbaaduu qabdan. Murteewwan keessan of barsiisaa. Warroonni turtan wanti yaadachuu qabdan, yeroo hundaa, bocamaa fi dhandhoola bifa dhiphaa fi fedhii hawaasa muraasaa qofa guutuuf barattu." Hannah Arendt, Pirofeesarri Hawaasummaa, akkanatti kaaye: "Kaayoon barnoota amantaa abbaa-irrummaa namatti horuu osoo hin taane dandeettii amantaa kamuu (any confidence) horachuu barbadeessuufi." Barnoonni dandeettii gaafii barbaachaa gaafatuu, shakkii ofii buqqisanii gatuu fi ajaja sobaa ofirraa ittisuu namaa kenna.

## OLOLA DHARAA, DHIPHINA SAMMUU, QOQQOODDAA FI HUBANNAA DOGONGORAA

Amalaafi boca yaad-rimee kan hundee qabatee jiru irratti harkisa olola sobaa dabaluu dandeenya, kan itti fufiinsaan kijibumaa fi seenaa Asoosama humnaan waanuma dabre himuun addunyaa hubachuuf godhamu. Wanti mirkanaa'e tokko garuu hawaasummaan saayinsaawaa kan bilisaayyuu soba kana osoo hin mirkaneessin amanuu irratti ni shakkama. Haaluma walfakaatuun, wanti xiin-sammuu hubannaa yaadaa irraa beekuu qabnu qor-qalbiin (sammuun) ilma namaa waanuma ilaaluu fedhe ykn eege tokko arga. Osoo hojmaatileen hatattamaa olii gara gadii hin diriirinii, addunyaa tanatti dhimmas bahuu hin dandeenyu ture; waan yeroo rakkoon jalqaba nu mudatu waa hunda jalaa oli xiinxaluuf dhiphannuuf. Bu'aan hojmaata hatattamaa ifa; qoqqooddaan garuu hamma takkallee ta'u keessa keenya jira; dafnee waan murteessuu fi hojjachuu irratti. [16] Faalla san, Pirofeesariin *armchair*, kan waan walmadaalu hunda qoratee gamaaggamee baasu, muxannoowwan adeemsa hundaa ilaalee, sadarkaa jiru hunda kabajee, dogongora xixiqqoo hundaaf dhiphataa, teessoo isaa irraa mudaan tokkollee hin mul'atu. Garuu, oduu qabatamaa fi sirrii taate tan addunyatti nagaya buusuuf fayyadduu fi olola sobaa kan ilmi namaa akka karaarraa maqu ykn gara tokko dabu ykn waldadhabu godhan adda baasuun beekuu qabna.

Ilaalcha goggogaa kallattii tokko qofaan yaaduu fi barruulee qoqqooddaa irratti dhiibbaa godhuun xiinxaltootaaf, qorattoota barnootaaf qofa osoo hin taane, gaazexeessitootaaf, odu-

himtootaafi gamaaaggama aadaatiif hojii daran barbaachisaa dha; dhugaa adda baasuufi ragaalee dhugummaa ittiin mirkaneessaniin of keesssatti qabata. Hojiin kun yeroo hedduu gatii danda'ame cufaan ijjannoma ofii qofa irraa ittisuu caala, xiinxalaa fi ilaalchota wal mormisiisoo ykn wal faallaa ykn wal dorgoman obsaa fi bilisaan gamaaggamuu fi qulqulleessuun beekumsa ilma namaa sirrii fi faayda-qabeessa adda baasuun murteessaa dha. Qaroomman warra Dhihaa keessatti qajeelfamoota bu'uuraa keessaa tokko kan Pilaatoon mirkaneesse waa'ee hojmaata falaasama afaanii kan haasawa afaaniin dubbatanii nama aamansiisuu caalu kan har'allee akkuma dur Akaadamii isaa keessa ture sanitti jiruudha; falaasamni xiinxala addaa gaafata waan ta'eef.

Dandeettii barnootaarratti marsariitii irratti hamma sadarkaa kudhaniitti ragaalee mul'atan keessaa tokko jechootuma irra deddeebiin jaarraa 17ffaa keessa dubbataman, fakkeenyaaf kan Pirofeesara Ingiliiz *Francis Bacon*: "beekumsi humna." jedheedha. Laatiniin inni ittiin barreesse, *ipsa scientia potestas est (beekumsi mataan isaa dandeettii dha)* jedhu barruu *Meditationes Sacrae* jedhamu kan bara 1597 keessatti argame. Barruu kana keessatti wanti inni addeesse gaafii beekumsaa dandeettiin wal bira qabee akkana jedhe

beekumsi:"mormimaafi faaya qofaa miti". Jecha biraatiin, beekumsa aadaa yeroo san ture irraa nuffee ykn hifatee, *Bacon* beekumsa dalagaan walitt hidhuu barbaade, qajeelfamoota beekumsa qabatamaa kan ilma namaa fayyaduu fi tajaajilu uumuuf jecha.

Xumuruuf jecha, *Bacon* wanti irratti ciche, sammuu mormii, jecha sobaa ykn dharaa, aangoo seeraan hin kennamin, waan inni “ Taabottan sammuu namaa” jedhee waame, kanneen uumama haqa wantootaa jallisan balaaleffatuu fi qajeelchuudha. Bakka san, kallattiin muxannoo, yaada argaa fi dhageettii dhugaa irratti hundaa’uun beekumsa argachuu irratti irkachuutuu tooftaa beekumsa argachuu sirriiti jedha. Fakkeenyota muraasa beekumsa dhugaa irraa nama dhoowwan kanneen *Bacon* ibse keessaa tokko “idols” (Taabottan) sunniin: wantoonni akka fedhii isaaniitti, ragaaleen jiranis karaa isaan yaadaniin qofa, waanuma ilaaluu fedhan qofa ilaaluu, ilaalcha nama tokkoo isa kan biraa irra caalchisuuuu (fakkeenyaaf: yaraa gaariirraa, muraasa danuu irra, adda addummaa walfakkeenya irra ykn faalla san caalchisuuuu dha). Kana gochuun jechoonni hiika tokkoo ol qabaatuu danda’an kan jedhu hubatuu dadhaban. Kun waan hedduu nama ajaa’ibu kan addunyaa ammayaa wajjiin wal faallessu keessattuu waa’ee xiin-sammuu fi dameewwan barnoota biroo kan taateewwan, mormiiwwanii fi loogii fa’aan walqabatee barumsa kennamuun faallaadha.

Amalli qoqqooddaa, sirnoota barnootaa keessattis akkasuma yaad-rimee fi gocha namaa keessa seenee bakka qabatee jira.Fakkeenyi ifaa tokko waa matatti qabachuun yaaduun walfakkaata ykn dandeettiin sun beekumsa jiruun wal hin qabatu waan jedhu yaada dogongoraa ture. Yaadni dogongoraa tokko ammas waa’ee beekumsa addaa (*specialisation*,), kan akaakuun beekumsaa tokko gadi fageenyaa keessatti kuufame, isa barnoota akaakuu adda addaa baratu daran beekumsa argata jedhanii amanuudha. Beekumsa addaa qabaachuun akkuma

boolla bishaanii gadi fageenya murtaa'aa malee akka galaanaa ykn garbaa bitaa-mirga, asii-achii keessa daakuun hin danda'amu; ispeeshaalistoonni goda mul'ata dhiphaa qabu keessa imalaa guddisanii ykn bal'isanii ilaaluu dhoowwataman.

Mee amma soba biraa kan *Bacon* addeessetti haa dabarruu: Yaada sirrii hin taane kan fedhii fi yaaduma eegamu qofarratti gabaabsamee ragaa jirus hin fudhanne. Maxxansi samoona *The Times* irratti maxxanfame kan mata-duree: "Sadarkaa wallaalaa" jedhu waa heddu keessatti tilmaama hammaa olii lafa kaaye. Baay'inna baqattootaa fi Muslimootaa biyyoota 14 keessaa irratti. Warroonni Ameerikarraa deebii kennan akka amananitti Muslimoonni biyyattii keessatti harka 15 ta'u jedhanii amanu; dhugaan jiru garuu baay'inni isaanii dhibbantaa 1 qofa. [18] Namoonni yeroo hedduu sabaa-himaaleedhaan ergaawwan miirawoo tahan kan isaan yaachisanii fi tilmaama dogongoraatiif isaan saaxilan nyaachifaman. Fakkeenyi biroo kan yaada sobaa ammas waa'ee jeequmsa amantiin dhufeeti. Faallaa amantiin jeequmsa uumuu, seenaa addunyaa irratti jeequmsi amantiin uumame du'aatii namoota miiliyoona 248 keessaa dhibbantaa 3 gadi yoo ta'u, lola hamaa kudhanii ol, ajjeechaa duuchaa fi abbaa irrummaa hamaa seenaa dhala namaa keessatti taateewwan hedduun humnoota Muslimootaan ala ta'aniitu raawwate.
Barnoonni dandeettii beekumsa ragaa irratti hundaa'ee, yaadaa fi xiinxala gar-tokkee fi loogii dhabamsiisuuf fayyada.

## DANDEETTII ILMA NAMAA BEEKUU

Yaadni amma fudhatama qabu barnoonni dhugaan qulqullina qabu kan hundaa'u hubannaa cimaa dandeettii humna namaa kan qaamaa, miiraa, yaadaa, tilmaamaa, hamilee fi amantii (hafuuraa) ilmi namaa sammuutti baatu qabaatuu fi dandeettiiwwan sunneen hunduu kennaa Rabbiiti: "dandeettiinis jabeenyis kan Rabbiiti" (*la hawla wala quwwata illa billah*).

Yaadaa fi barmaatileen barnoota waliigalaa ammas qaama mul'ata Islaamaati.Gorsaalee fi yaamicha heddutu Qur'aana keessatti akka namni beekumsa argatuufi dhugaa barbaadu kan kakaasan jiru. Kun miirotas of keessatti qabata kan kallattimaan ilaaluunii fi muxannoon akkasumas ajajaan, qor-qalbiin yaaduun, gaafachuun, xiinxaluun, ibsuun, adda baasuun, yaada gabbisuun, mormuunii fi qayyabachuun beekumsa argatan. Kanas ajaja Qur'aanaa hordofuun sammuufi onnee, qaamaa fi qor-qalbii, yaadaa fi gamaaggama, tilmaamaa fi gadi fageenyaan ilaaluun, gaarii badaa irraa adda baasanii, gocha kamiifuu itti gaafatama dhuunfaa fudhachuun, sodaa Rabbii qabaachuun, kaka'umsa ol-aanaan ajajaafi karaa sirrii hordofuun haalaa fi amala ofii tolchuu gaafata. Kun hariiroo walitti fufaa ilma namaa kan uumamaan muxannoo, hamilee fi kaka'umsa hafuuraa (amantii) ti.

Jechi ingiliffaa ' guddisuu('develop') jedhu kan dhufe jecha Afaan Faransaay durii *des-+ veloper* jedhu irraa yoo ta'u hiikni isaa, *bal'isuu, dursuu,mul'isuu* jechuudha. Laatiniin *educere* ta'ee hundee jecha ingiliffaa *'education'* jedhuuti.Yaadni

mul’isuu (unwrapping) wanti itti akeeku adeemsa ykn hojmaata yaadachuu, kaka’umsaa, dammaquu, addeessuu, amala bu’uura dhala namaa kan Rabbi kenneef ibsuu dha; kun dandeettii Rabbii bakka bu’oota dacheerratti isaan godhee san mul’isan. Hundee jecha ingiliffaa amala (character) afaan Girik jecha *kharakter* jedhu irraa kan dhufe yoo ta’u, waa hojjachuu ykn bocuu jechuudha. Hiikni isaa tokko hamma ammaattis barreeffama keessatti ‘mallattoo’ jechuudha. Warroonni amala namaa qoratan amalli namaa kan ganamaa (uumamaa) akka waan nabsee ykn lubbuu irratti hidda qabatee, chaappeffameeti jedhu. Qur’aannis keewwata (95:4) keessatti wanti nutti himu:

لَقَدۡ خَلَقۡنَا ٱلۡإِنسَٰنَ فِيٓ أَحۡسَنِ تَقۡوِيمٖ ٤ سورة التين:4

boca irra gaariidhaan (*fi ahsani taqwim*,) ilma namaa uumne jedha. Muhammad Asad,“ ijaarsa qaamaa daran bareeda ta’een ” jedhee hiike. Guddinni bocaa kanaafuu kennaa uumamaa hin jijjiiramne, dandeettii ofii beekuu fi namni mallattoo dandeettii Rabbii ta’uu kan addeessuudha.

Xinnoo yaada dandeettii ilma namaa kan Rabbiin kenneefii kana irra turuun, yoo marsariitiilee irra ‘dandeettii ilma namaa’ jettanii barbaaddan, shanan duratti mul’atan kan hamma bu’aa miiliyoona 258 tu mul’ata; marsariitiiwwan afran armaan gadii dabalatee: Namoota jaha kanneen dhugaan dandeettii ol-aanoo qaban, gootota 18 jijjiiraman, namoota 9 kanneen jireenya dhugaatiin dhiira turanii fi dandeettii addaa qaban, karaawwan 3 dandeettii horachuuf fayyadan kanneen jedhan fa’a. Kan dhumaa wanti itti yaadame ‘isaannan nama nagayaa tahaniif gahaa miti”, dukkana keessa arguu, dhaaba manaarra deemuu, akka adurree utaaluu, fedhii hafuura baafachuu dhiisuu, dhara

adda baasuu danda'uu, waan sammuu keessatti qofa raawwatuun nama amansiisuu, yaada namaa hiikuu ykn dubbisuu, waan hegeree himuufi kkf dabalatuu qaba jedhu.[20] Dhiibbaan sabaa-himaalee fi aadaa beekkamaa asitti ragaa guddaadha, garuu fedhiin gootota fi namoota dandeettii addaa qabanii ibsuma dandeettii fi aangoo dhala namaa kana jabeessa.Yeroma walfakkaatu, namni sadarkaa hubannaan dandeettii addaa namaa irra gahe sonaan ykn sirnaan hin hubatamne, haala sirnoota barnootaa fi hawaasa keenya keessatti eeggamuufi mul'atuun yoo wal bira qabe mormuu mala. Sadarkaa dandeettii keenyaa guututti beekuu dhabuun, tilmaamumaa fi miira dandeettii walmakaa keessa nama galcha.

Barnoonni beekumsa ittiin dandeettii keenya guutuu hubannuu fi guddina keessoo keenyaa dagaagsinu nuuf kennuu danda'uu qaba.

## KABAJAMA LUBBUU (NABSEE)

Fiilmii '*Kan Cufame' (Under Siege)* kan *Steven Seagal*, keessatti *Tommy Lee Jones*, miseensi humna basaasaa Ameerikaa duraanii akka humna addaa kan Doonii lolaa Ameerikaa butee ta'ee taphate. Guutumatti amala fokkataa uffateeti kan hojjate, garii dhaabbanni basaasaa Ameerikaa (CIA) maaf akka isa qacare yemmuu gaafatame, wanti jedhe inni 'yaada haaraa uumaa (creative thinker) ture, haala addaatiin kan nama fayyadu jedhan.Asitti dandeettii waa uumuufi amala ilma namaa gidduu adda addummaan jiraachuu hubanna. Asitti

waa uumuun, kallattii kabaja namoomaatiin osoo hin taane, waanuma haaraa uumuudha, dhimmi ooluufis yaraa ta’u.
Bara 2010, haala addaa wahii irrattin of arge; Magaalaa London galma *Gooldmaan Saaks* biratti qophii Iidaa irratti haasawa gochuufin ture. Qophichi mata-duree ‘Adda addummaa’ (diversity) jedhuun ture kan qophaa’e. Haasawa kiyya mata-duree: “Islaamummaa fi Cimina ilma namaa” jechuun qajeelfamuma isaan kaayataniin, wantoota akka muxannoo, waa uumuu, haqummaa fa’as itti dabale. Amma haasawa kiyya akkana jechuun jalqabe: ‘ namni as jiru kamuu shakkii malee fiilmiiwwan akka *Wall Street 2, Money Never Sleeps, the sequel to the 1987movie, Wall Street,*fa’a manneen mul’isa fiilmii keenya guutanii turan, eenyutu tapha *Gordon Gekko* kan Michael Douglas fiilmima jalqabaarratti taphate dagata? Jechoonni taphichaa muraasni: “dognummaan gaari, ani homaa hin uumne, kanuma uumamaan naa kenname qaba, seera goone malee, hunduu waanuma biiznasaati, ijoolle.” jedhe.

Kan itti aanu haasawa waa’ee biiznasa hojjachuu qarshima argachuuf jedhu fa’a’.[21]*Mr Michael Douglasiif* gaafiif deebii dhiheessuufii filadhe, waa’ee fiilmii as dura bara 1987 hojjatee kan dargaggoonni biiznasii hedduun isa arguufi akka inni cimaa ta’e: “Gordon Gekko! Ati nama cima! Ani sababa kee biiznasa maallaqaa keessa seene’’ jechuun itti himuu fedhan. Douglas harka isaa walitti rigee “ani yemmuun achi taa’aa ture ‘‘lakkaa, anaa miti, ani namuma fiilmii irrattis nama baadiyaa wahii ta’ee hojjadhe’’ jedhee itti himus ijoolleen hin hubanne. “ Eeyyee, Gordon! Ati dhugamatti nama guddaadha!” jedhaniin. *Douglas* itti fufees “Wanti na dinqisiisu dargaggoonni yeroo san MBA

(Master of Business Administration) baratanii fi Gordon nama guddaa jedhan ofii isaaniitiiyyuu amma kubbaaniyoota gurguddoo irratti hooggansarra jiru.” jedhe.

Gidduu muxannoo barnootaa fi gahumsaa garaa garummaa guddatu jira. Waa hunda dura, waa’ee muxannoo barnoota nama dhahuu (*boxing*) haasawuu dandeenya, ilaalaa fakkeenyaaf *Mario (miseensi Maafiyaa)* nama gahumsa cimaa qabu ykn gaariidha jechuu dandeenyaa, yoo nu mataan keenyaa miseensota Maafiyaa taane malee? Adda addummaan jiru handhuurri gahumsaa fi gaarummaa (excellence) tasuma hojii hojjachuun milkaa’uu miti, garuu gahumsaafi cimina amalaa, hamilee fi kallattii amantiitiin ilaallama.

Kun bu’uura yaada barata (aadaa) Islaamaati.Mul’anni gaarummaa akka Afaan Arabaatiin ibsametti ‘*ihsan’* jedhu gaarummaa, bareedinaafi qulqullina irraa adda kan bahuu miti. Qabiyyee aartii Islaamaa keessatti, yaadota lamaan gidduu adda baasuun ni danda’ama: bareedinaa fi gaarummaa ykn tolinaa jechuudha. Bareedina jechuun irra keessa (*Jamaal*) ykn qaama mul’atu yoo ta’u, tolina (gaarummaa) jechuun ammoo, qaama qofa osoo hin ta’in, keessa illee kan ilaalu, maadala uumamaan mul’atu kan daran gadi fageenya qabuudha. Kun bareedinaa fi gaariis adda baasa. Bareedinni mallatto qulqullina dalagaa Rabbii kan addeessu ta’ee, tolina hamilee, qulqullina lubbuu fi gaarummaan haalaa immoo amala gaarii ilma namaa mul’isaniidha.

Qur'aana keessatti namoonni sadarkaa ol-aanaa irra jiran mul'ataa fi amala gaariin beekamu; kan nama guutuu isaan godhu jechuudha. Guutummaan ammoo hiika 'qulqullinaa (integrity), kan jecha Laatin *integer* 'qulqulluu, guutuu, hunda' jedhu irraa dhufe. Kallattii Kanaan, fakkeenyaaf. yaaduun, xiinxaluun, gamaagamuun, bu'aa addaaf hojjachuu qofa ta'uu dhabuu danda'a. Garuu, hamilee uumamaa fi dandeettii waan gaarii fi yaraa, dhugaafi soba adda baasuun walqabata. [Gaarummaan dhugaa kanaafuu qajeelfama amalaa fi bareedina haalaa (*aadaab*) akkasumas muxannoo fi gahumsas of keessatti qabata. Galma *Goldman Sachs*, handhuura *Fleet Street* keessatti, hayyuu beekamaa jaarraa 18ffaa *Samuel Johnson,* Magaalaa Landanitti jecha jedhe kaasuu barbaade, namni kun-walaleessaa, barreessaa, hayyuu hamilee, gulaalaa kitaabaa, seenessaa, gulaalaa fiilmii, suur-saga seenaa Ingliiz keessatti xalayaa barreessaa daran beekamaa ture.Naannoo marfata *Gough* jiraataa kan ture dhagaa irratti: " Xumurri guddaan (kabajaa) barnootaa wantoota adda baafachuuti; dandeettii gaariifi badaa, qulqulluufi fokkataa adda baasuun gaariif qulqulluu, badaa fi fokkataa irra filatuudha." jedhee barreesse.

Ibsi kun isa kan Muhammad Asad jecha Arabaa '*furqan'* jedhu itti hiikeen wal fakaata-"sadarkaa ykn mala waan dhugaa soba irraa, sirrii dogongora irraa ittiin adda baasaniidha." jedhe. Miirri madaala hamilee kun jechoota Arabaa Qur'aana keessa jiran keessattis kan mul'atu yoo ta'u, waa cufa adda baasanii hubatuufi gadi fageenyaan xiinxaluu addeessan. Jechi *al-a'araf*, akka Muhammad Asad hiiketti 'dandeettii waa adda baafachuu' yoo ta'u, waan gaarii yaaduun hubachuu, akka jechi *rushd (*qor-

qalbii waan gaarii ittiin adda baasanii beekaan) jedhus kanumatti akeeku. Jechi afaan Arabaatiin '*Basiirah'* jedhus dame sammuu namaa tan waa gadi fageenyaan xiinxaltuu fi hubattu ibsa. Ammas kallatti-akeektuu hamilee kan karaa bu'uura dhugaatti akeeku namaa kenna. Hayyummaan (*aql*) dubbima afaanii qofa osoo hin taane qaama hamilee ol-aanaa fi hayyummaa ilaalchaati. Qorannoo yaada hayyummaa keessatti *Karim Douglas Crow* akka ibsetti jechi haxxummaa ykn qaruutummaa (wisdom) jedhu qarooma dhala namaa ammayyaa keessatti yaada:"waliigala qarooma hamilee fi hawaasummaa, makaa beekumsaa fi hubannaa nama walaabaa, loogiin alaa fi amala gaarii qabuu dha". Qorataan kun akki jedhee xumure furtuuwwan yaada qaroomaa (intelligence) keessaa tokkoo jecha qor-qalbii (aql) jedhu amalaa-amantii (ethical-spiritual) jechuun ibse.

*Guy Claxton* moodelii isaa "d-mode'' irratti akka ibsetti maddi cimina sammuu dhimmoota adda addaa baasuu, bu'aa fi miidhaa madaaluu, gaafilee bu'uuressuu fi rakkoolee hiikuu, karaa beekumsaa kan sababaa fi qabatama irratti hundaa'een yaadanii hojjachuudha jedha.[23] *Claxton* mataan isaa akka akeeketti tilmaama moodeeliin kun hunda-ta'uu fi xumura-ta'uu hubannaa ilma namaa kan kallattii hedduun mallattoo cimina sammuu ibse yoo ta'u, *Howard Gardner* cimina sammuu hedduu (multiple intelligences) fi *Daniel Goleman* kan cimina sammuu kaka'umsaan uumamuu (emotional intelligence) fa'a tooftaalee kanniin keessaa muraasa.

Adeemsotaa fi tooftaalee kanniinitti namni dabaluu fedhe hojii saayintistoota akka *F. David Peat* fa'a, kan hidda dhalata namaa, seenaa, afaan, fiisiksii, dibataa fi tiyoorii uumama hawaa keessatti gumaacha guddaa godhuun ilaalchi addunyaa fi barnoonni aadaa namoonni dur barsiisaniin ilaalchaafi karaa isa kan addunyaa gara Dhihaa irraa adda tahuu ibsa.

Xumurarratti, kitaaba *Harry Lewis*, kan gaarummaa lubbuun( nabseen) alaa (*Excellence Without a Soul)* jedhu akka dubbiftan yoo isin affeeru, kitaabichi sun barnoota sadarkaa ol-aanaa Ameerikaa irratti mormii ykn falmii guddaa Diiniin Barnootaa kolleejjii *Harvard* godhe fa'a of keessatti qabata. Gulaalaan tokko murteewwan beektotaa fi hayyoota hedduu gabaase akka jedhetti Ameerikaa keessatti barnoonni ol-aanaan gaaga'ama keessa jira jedheeti. Akka inni jedhetti: "Dameewwan Kolleejjichaa paartii garagaraatti hiramanii jiru; namuu barattoota aalata (ajiifata); dhaloonni kun yaraadha jechuun (bashannanuma qofaaf baratu, ofii qofa yaadu jechuun." Akka *Luwis* abboometti, kolleejjiiwwan Ameerikaa keessaa (Harvard dabalatee), wanti irraanfatan tokko "hojii bu'uuraa kan barnoota sadarkaa gad-aanaa ijoollee xixinnoo gara dargaggeeyyiitti guddisuun, akka guddatan gargaaruu, eenyu akka ta'an hubachiisuu, jireenya isaaniitiif kaayoo daran bal'aa barbaaduu fii, kolleejjirraa yemmuu bahan dhala namaa fooyyee qabu akka tahan dandeessisuudha". *Lewis* kan amanu waan kolleejjiiwwan barattootaaf sababa barnootaa himuu dhabaniif (akka barattoonni gadi fageenyaan gaafatanii, hiikaa fi kaayoo isaa beekan gochuu dadhabuu), barattota kuffisanii biyya nama sirnaan barate barbaaddus hoongessan. Lewis, "yaadni barnoota

bilisaa kan dulloome maqaa qofatu jira; Harvardis ta'u ammaan booda barnoota sammuufi nabsee bilisoomsu barsiisuu hin danda'u" jedhe.

Wanti ifa nuuf ta'uu qabu sadarkaa kolleejjiin Harvard irra jiruudha. Manneen barnootaa lameen yuuniversitii Harvard keessaa isa tokko, kan digrii duraa barsiisu. Bara 1636 *Cambridge,* kan hundeeffame Massachusetts, dhaabbata barnootaa isaa duraa kan barnoota ol-aanaa kennuudha. [24] Yuuniversitiin *Cambridge*, biyya Ingiliizitti bara 1209 hundeeffame, Harvardirra dullacha, garuu kana daran turaa kan ta'e, Morokootti Yuuniversitiin *Al-Qarawiyyin* bara 859 akka Yuuniversitii isaa duraatti hundaa'e. Bara 2014/15f, Harvard akka addunyaatti qulqullina barnootaatiin sadarkaa 4ffaa, barnoota ol-aanoon ammoo 2ffaa kan bahe yoo ta'u, *Cambridge* ammoo walduraa duubaan 2ffaa fi 5ffaa bahe. Sadarkaa lameeniin Yuuniversitiin dursaa jiru Instiitiyuutii Teknoolojii Ameerikaa *Massachusetts* qulqullinaan (Quality Standard), inni kuun *California* barnoota ol-aanoodhaan. Yuuniversitiin tokkoffaan addunyaa Muslimaa keesstti ulaagaa armaan oliitiin Yuuniversitii Malaayaa (UM) yoo ta'u, sadarakaa 151ffaadha; bakka Yuuniversitiin addunyaa Arabaa keessa hin jirretti (dhibba lamaan duraa keessatti).

Istaatistiksiin kun yeroo hedduu kan nama gaddisiisu addunyaa Muslimaa keessatti kufaatii hayyummaa fi hanqina beekumsaatu jira; garaa-hanqinni ifa ta'an waa'ee tartiiba sadarkaa san irratti dhagahamus. Haa ta'u malee, garaa-hanqinnoonni jiraatanis, sadarkaaleen sunniin sadarkaa Yuuniversitiileetti madaala

qulqullina barnootaa hedduu beekamaa fi bal'inaan fudhatama qabuudha; kun agarsiiftuu guddaa akka gaaga'ama hawaasa Muslimaa keessa jiruuti. Mormiiwwan *Lewis* fa'a sirreeffama tilmaama barnoonni hawaasa Muslimaa akkeessuma moodeelii warra Dhihaati; akka waan ulaagaan milkaa'inna dhaabbilee Muslimaa guddaan ulaagama sadarkama addunyaa kana guutuu qofa ta'ee ka jedhuudha.

Tokkoon dandeettii barnootaa mataan isaa mul'ata gadi fageenya qabu kan beekumsa ilma namaa dagaagsuuf fayyadu namaa kennuudha; kunis karaa tokkoon qofaa miti. Akkeessaa aadaa tokkoo ykn ilaalcha tokkootiinis miti. San irra, sun walitti hidhamiinsa aadaa fi qaroomaati.
Barnoonni dandeettii mul'ata waliigala gaarummaa kan dhugaa, hiika ergaa fi waan nama guutuu nama godhu of keessatti qabatu namaa kennuu qaba.

## Waabiiwwan (References)


1. The World Exclusive on the loan of one of the Elgin Marbles to the Hermitage Museum appeared in The Times of 5/12/14. Some concise reflections by Russell Bosworth on the legacy of Socrates can be found at http://www.philosophyworks. Org/content/lives-plato-and-socrates (accessed 8/12/14).
2. Plato's Apology translated by Benjamin Jowett can be accessed at http://classics.mit.edu/Plato/apology.html.
3. The article from Deutsche Welle is entitled "Knowledge is Power: Why Education Matters" and was accessed on

4/12/14 at http://www.dw.de/knowledge-is-powerwhy-education-matters/a-15880356

4. Thomas Merton's reflections on the need to "live out what we think" are expressed in his Thoughts in Solitude (Farrar Straus Giroux, 1993), and Seeds, selected and edited by Robert Inchausti, (Boston, MA: Shambhala Publications, Inc., 2002), p. 131.
5. The essay by Ziauddin Sardar on freethinking is "The Circumference of Free Thought", Critical Muslim 12 (Dangerous Freethinkers), October-December 2014, pp. 3-14.
6. David Bohm's theory of quantum physics is set out in his Wholeness and the Implicate Order (London: Routledge, 1980). Ibn Khald‰n's views on ¢a|abiyyah are examined in Asyiqin Abdul Halim et el.,
7. "Ibn Khaldun's Theory of 'Asabiyyah and its Application in Modern Muslim Society",
8. Middle-East Journal of Scientific Research 11:9 (2012), pp. 1232-1237.
9. The Prophet's sayings on ¢a|abiyyah are noted by Muhammad Asad in his commentary on Qur'an 28:15 and 49:13.
10. Ibn ¢ArabÏ's concept of continually unfolding implications is from the chapter of al- Fut‰^¥t al-Makkiyyah concerning "the people of spiritual bewilderment" (^ayr¥) translated by James Winston Morris in his The Reflective Heart: Discovering Spiritual

Intelligence in Ibn ‘Arabi’s Meccan Illuminations (Lousville: Fons Vitae, 2005), p. 81

11. The work by Ahmed Moustafa and Stefan Sperl is The Cosmic Script: Sacred Geometry and the Science of Arabic Penmanship (London: Thames and Hudson, 2014).
12. The quotation from Muhammad Asad about the impact of the Qur’an on the development of Western civilisation is from his Foreword to The Message of the Qur’an (Bath: The Book Foundation, 2004), p. vi. Other quotations from Asad are from his commentary in this work. My quotations from the Qur’an are generally from Asad’s translation, with occasional modifications.

# KITAABNI KUN

*Pirojektii 'dagaagina barnootaa hawaasota Muslimaatiif' jedhu irratti Yaa'iin USA fi Turkitti baroota 2013-2018 keessa eegale Profeesar Ziyaayuddiin fi Jeremii Henzel fa'aan qophaa'e. Pilaatoon "Soqraaxes gaafii beekumsaa fi bilisummaa siyaasaa addunyaatiif mallattoo ta'e."jedha. Hiikni "Dandeettii barnootaa" Deutsche Welle irratti "Barnoonni beekumsa argachuu caala..." yoo jedhu. Nabiyyiin Muhammad (SAW) ammoo "Nama mataa ofii beeketu Rabbii isaa beeka."jedhe. Akaadamii Pilaatoo bira barruu 'Of Beeki' jedhutu jira. Barnootaan yaqiinaa fi Rabbirraa saalfachuu bira gahan jedhe Ibn-Arab.*

*Islaamummaan wallaalummaa (jahiliyyah) ni balaaleffata; dhalli namaa hunduu Aadam irraa argame; walqixas (49:13). Beekumsi ilma namaa bal'ataa deema; qorannoowwan qubeellaa Saatarnii irratti godhamankana mul'isan. Nabiyyiin (SAW): "Ani cinaa ykn roga lama qaba, tokko kan addunyaatti fuulleffadhuun, kaan gara Rabbiiti." jedhe. Akka Raabii Abrahaam barreessetti, "Ergaan Rabbi buuse dandeettii namaatiin kan wal simatuudha". Naansii Kiliinee ammoo "adda addummaan qarooma garee guddisa.." jedha.*

*Dandeettiin hunduu kennaa Rabbiiti: "dandeettiinis jabeenyis kan Rabbiiti" (la hawla wala quwwata illa billah). Walumaagalatti, barnoonni dandeettii samii keessa ittiin gahanii, samii fi dachee, jaalala Rabbii fi waan fuula dacheerra jiran jaalachuu namaa kennuu qaba. Xumurarratti barreessaan kitaabichaa Dr. xaahaa Jaabir Al- Alwaanii, kitaaba Harry Lewis gaarummaa lubbuun alaa (Excellence Without a Soul) jedhu akka dubbifu nu affeeruun barruu isaa goolaba.*